Barnoota 13ffaa Waxabajjii 29, 2024




# MO’ICHA JAALALA WAAQAA

Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, "Kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira. Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe. Mul. 21:3,4





Wal’aansoo inni guddichi, fincilli Seexanni mootummaa Waaqaa irratti kaase, ariitiidhaan gara xumuraatti dhufaa jira.

Lolichi akkamitti akka xumuramu ilaalchisee dukkana keessatti hin dhiifamne: Waaqayyo in mo’a Seexanni in mo’ama

Gad fageenyaan lolichi Macaafa Qulqulluu keessatti ibsameera.





- Yeroo dhiphinaa fi birmadummaa.
- Yeroo sodaachisaa fi gammachuu.
- Yeroo badiisaa fi firdii.
- Yeroo jireenyaa fi du’aa.
- Yeroo jaallachuu fi jaallatamuu.

# YEROO DHIPHINAA FI BIRMADUMMAA

"Wayyoo! Guyyaan sun guyyaa guddaa sodaachisaa dha; kan akka isaatii ta'ee hin beeku; inni sanyii Yaaqoobiif guyyaa rakkinaa in ta'a; isaan garuu kanuma keessaa in baraaramu."— Er. 30:7

"Yeroo isa dhumaa keessa jiraataa jirra. Mallattoolee yerichaa ariitiidhaan raawwatamaa adeemuun dhufaatiin Kiristoos dhihoo fi akka ga'e kan agarsiisu dha. Yeroon nuy keessa jirru murteessaa fi barbaachisaa dha." (EGW, TI9, 11) Taateewwan kun maalfa'i?

**Mul. 22:11**



Firdiin xumuramee dhimmi hundinuu murtaa'a. Balballi araaraa ni cufama.

**Isa. 8:21-22; Erm. 30:7**



Yeroo dhiphinaa. Jalloonni kufaatiin sonaa utuu itti hin dhaga'amin waa godhu, qulqulloonni immoo dhiifama argachuu isaanii hin beekan.

**Mul. 15:7-8; Far. 27:5**



Dha'ichi inni dhumaa 7n warra qalbii hin jijjiirranne irratti ta'a. Ijoolleen Waaqayyoo immoo in eegamu in oolfamu.

**Mul. 16:14; 1Yoh. 3:2-3**



Gareen hundinuu Yesuusiin simachuuf qophaa'a. Kaan Isa loluuf; kaanimmoo gammachuun Isa simachuuf.

Yeroo Yesuus hojii araarsuu Isaa xumuree Hafuurri Qulqulluun warra qalbii hin jijjiirranne dhiisee sokku, Hireen nama hundumaayyuu in cufama. Warri amanamoon itti fufiinsaan gargaarsaa fi eegumsa Waaqaa argatu, warri jalloonni immoo araara Seexanaa jala turu. Hundinuu amala isaatiin eenyuuf hojjechuu akka filate ni agarsiisa.

# YEROO SODAACHISAA FI GAMMACHUU

"Yesus, "Yeroodhuma soomtanitti immoo, akka warra of argisiiftuu nyaara keessan hin guurinaa! Isaan soomuun isaanii namootatti akka mul'atutti, fuula isaanii in boosomsu; dhuguman isinitti hima, isaan gatii isaanii fudhafaniiru." — Mat. 6:16

Seera Waaqaa tuffataniiru; Bishaa Jireenyaa tuffatanii ofii isaaniitii immoo "qodaa urataa" bishaan baachuu hin dandeenye hojjetatan Erm. 2:13).

Amma Abbaa Firdii wajjin walitti dhufu. Dheekkamsaa fi firdii qofa ofirratti eegu. Eenyuutu bilisa isaan baasa? (Isa. 2:19; Mul. 6:16).



"Yommus isaan, "Ilaa inni Waaqayyo keenya! Inni nuyi, 'Nu fayyisa' jennee eeggachaa turre isa; inni nuyi amanannes isa; kottaa fayyisuu isaatti in gammannaa, in ililchinas" in jedhu."— Isa. 25:9



Seera Waaqaaf amanamoo turan; Bishaan jireenyaa irraa dhuganiiru (Mul. 21:6). Amma Abbaa firdii isaanii wajjin fuulaa fi fuulaan wal argu. Fayyina qofa abdatu. Akkamitti galateeffannaadhaaf hin kaa'aniree? (Isa. 25:9; Mul. 15:3-4).

Seexanni ishee haftuutti aareera (Mul. 12:17)

- Namni hundinuu akka isaaf sagaduu fi seerasaaf abboomamu in godha (Mul. 13:15-17)
  - Addunyaan Hoolicha akka loluuf qopheessa (Mul. 17:12-14)
    - Yesuus yeroo dhufu warra faallaa Isaa dhabatan hundumaa in balleessa (Mul. 19:11-15)
- Warri haftuun Seera Waaqaaf hamma dhumaatti amanamu (Mul. 14:12)
  - Inni Waaqa Isaa akka simatuuf qopheessa (Amot. 4:12)
    - Yesuus warra Isa amanan Ofitti in fudhata (Mul. 19:6-8)



# YEROO BADIISAA

"Waaqayyo dubbii kana waan dubbateef, lafti guutummaatti duwwaa in ta'a, raawwatees saamamee in ona."— Isa. 24:3

Yeroo Yesuus dhufu, qulqulloonni bara hundumaa turan in ka'u; warri amanamoon jiraatti jiran in geedderamu, wal ta'aniis Yesuusii wajjin gara samiitti sokku (1Tas. 4:16-17).

Warri jalloonni argama Yesuusiin du'u. reeffi isaaniis bakkeetti hafa, dhuma irratti waanti jireenya qabu tokko illee lafa irratti hin hafu (Erm. 25:33; Mul. 19:17-21; Erm. 4:23-26; Is. 24:3).



Yeroo sanatti, Seexanii fi ergamoonni isaa iddoo lafa jalaatti waggaa kumaaf hidhamu nama gowwomsu hin qabaatan (Mul. 20:1-3).

Iddoo lafa jalaa, jechuun iddoo dukkanaa jechuudha, inni immoo haala sirrii yeroo sana lafti keessa jiru agarsiisa. Namni yoo jiraate malee seexanni waan qoru hin qabu. Yeroon sun yeroo itti ergamoonni fincilan of ilaalani dha, fuuncaa haalotaatiin yeroo hidhamani dha, caraan lafa onaa kana dhiisanii deemuss isaaniif hin jiru.



# YEROO FIRDII

"Kana booddees teessotaa fi warra firdii kennuun isaaniif kenname teessota sana irra taa'an nan arge; akkasuma immoo lubbuu warra isa Yesus dhugaa ba'etti, dubbii Waaqayyoottis jabaachuu isaaniitiif mormatti kukkutamanii, warra bineensichaaf, fakkeenya isaaf hin sagadin, gubaa isaas adda isaanii fi harka isaaniitti hin fudhatin nan arge. Isaan deebi'anii jiraatanii, waggaa kuma tokkoof Kristosii wajjin in mo'an."— Mul. 20:4



**Utuu Yesuus deebi'ee hin dhufin firdiin kennama utuu ta'ee, Yesuusis dursee firdii hojiirra oolcha utuu ta'ee, warra Isatti amananiif jireenya bara baraa kennuun hiikkaa maalii qaba?**

**Barootaaf, nama fudhatu hundumaaf Waaqayyo jaalala Isaa agarsiisaa Fayyina kennaa ture. Hamminnis akka inni dagaaguufis heyyameera.**



**Yeroo firdiitti, addunyaan hundinuu fi ergamoonni amanamoon yeroo Inni cubbuu fi fincilaa wajjin wal'aansoo godhu araara Isaa fi qajeelummaa Isaa arganiiru. Amma, bu'aa isa dhugaa qajeelfamni seexanaa fide, lafa duwwaa fi onaa arganiiru.**

**Garuu nuy warri daangaa Seexanaa keessa yeroo lolichaa turree amma immoo fayyine, qajeelummaa fi araara Waaqayyoo nu barbaachisa. Waggaa kuma booda yeroo firdiin kennamu, jaalalli Waaqayyoo nu amansiisee akka lammata hamminni hin dhalanne godha (Nahom 1:9).**

# YEROO JIREENYAA FI DU’AA

“Waaqayyo gooftaan maccaa, "Kunoo, guyyaan akka iddoo ibiddaa gubu in dhufa; yommus warri koortuunii fi warri hamaa hojjetan hundinuu akka cidii in ta'u; guyyaan dhufu sun isaan in guba; hidda yookiis damee isaaniif hin hambisu.”— Mil. 4:1

“Isin warra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif in ba'a; akka jabbii goorana keessaa ba'ees gad baatanii in burraaqxu;” — Mil. 4:2

Xumura waggaa kumaa irratti jalloonni in ka’u. Ammas qajeelfama seexanaa fudhatu, irra deebi’aniis Waaqayyoo fi qulqulloota irratti lola kaasu. Waan tokko hin jijjiiraman, yeroo sana ibiddimmoo isaan balleessa (Mul. 20:5-9).



Garuu utuu isaan hin badin, firdii isa dhumaatu kennama. Kitaabonni in banamu, namni hundinuus akka isaan waamicha jaalalaa Hafuurri Qulqulluun gochaafii ture tuffatan in baru. Hundumtuu qajeelummaa fudhatanii fuula Isaa duratti in jilbeenfatu (Mul. 20:11-13; Isa. 45:23; Fil. 2:10).



Bara baraan jiraachuu irraa fagaatanii bara baraan baduutti sokko, “du’a lammataa” isa deebi’anii ka’uu hin qabne du’u (Mul. 20:14-15; Far. 37:20; Mil. 4:1; Is. 26: 14).

Du’ii fi cubbuun in raawwataman. Amma imimmaanni nama hundumaa haqamee gammachuu bara baraa hirmaatu (Mul. 21:4).



# YEROO JAALLACHUU FI JAALLATAMUU

"Ammas Waaqayyo fagootti anatti mul'atee, saba kanaan, "Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera; kanaafan gaarummaa kootiin ofitti si dhi'eesse;"— Er. 31:3

**Lafa Haaraa sana keessatti bara baraan maal hojjenna?**



**Fannoon Kiristoos, saayinsii fi faarfannaa warra fayyaniiti bara baraan.**

**Lafa naga qabeessa sana irratti, qarqara bishaan jireenyaa sana irratti, sabni Waaqaa mana qabaatu.**

**Achitti, sammuun hin duune sun humna uumuu isa ajaa'ibsiisaa ta'e sana ni dinqisiifatu.**




**Balbaloonni hojii hundinuu ni banamu, dandeettiin hundinuu ni guddatu.**

**Beekumsa argachuun dandeettii sammuu hin dadhabsiisu ykn humna namaa hin fixu.**

**Hojiin hojjechuun isaa dadhabanii dhiisan tokko hin jiru, karoorri ulfina qabeessi hundinuu fiixaan ni ba'u, waanti guddisanii karoorsan/yaadan hundinuu fiixaan ni ba'a.**

**Dheerinni mo'ichaa hundinuu ol kaa'a, waan haaraan dinqifatan dhuma hin qabu, dhugaa haaraan baramu, kaayyoo haaraan hafuura, lubbuu fi qaama namaa qaru dhuma hin qabu.**



**Qabeenya beekumsaa fi hubannaa hojii Waaqaa dinqisiifachuudhaan barootaa gara barootaatti arganne uumama hin kufiniif qoodna.**

**Mul'ata ifaadhaan ulfina Uumamaa ilaalu: aduu fi urjoota akkaasumas siistemoota toora isaaniif kennameen Teessoo Waaqayyoo marsanii jiran argu.**

Extracted from "The Great Controversy", pp. 651, 666, 668, 675, 677, 678)

"Wal'aansoo inni guddaan in dhume. Cubbuu fi cubbamoonni lammata hin jiran. Guutummaan yuniversii qulqulluu dha. Walta'iinsaa fi gammachuu tokkotu uumama hundumaa biraa rukuttaan isaa dhaga'ama. Isa waan hundumaa uume biraa, jireenyii fi ifni akkasumas gammachuun bakka daangaa hin qabnetti yaa'a. Atomii xiqqoo irraa ka'ee hamma addunyaa isa guddaatti, waanti hundinuu, lubbu qabeessii fi lubbu dhabeessi, miidhagina isaanii hundumaa fi gammachuu guutuu dhaan Waaqayyo jaalala akka ta'e labsu."



EGW (The Great Controversy, pg. 678)